Waan si shakkisiisu dhiisii gara waan si hin shakkisiifnee deemi

Abuu Muhammad Al-Hasan ibnu Aliyyi ibnu Abii Xaalib -ilma intala ergamaa Rabbiitii fi urgaa'aa isaanii kan ta'e -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- irraa akka odeeffametti, ni jedhe: ergamaa Rabbii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jechuun qomatti qabadhe: «Waan si shakkisiisu dhiisii gara waan si hin shakkisiifnee deemi».

[sirrii] [رواه الترمذي والنسائي]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechootaa fi hojiiwwan irraa wantoota dhoorgame moo hin dhoorgamne, inni halaala moo haraama jettee shakkitu dhistee, gara waan bareedina isaa fi halaalummaa isaa mirkaneeffattee, kan shakkiin isa keessa hin jirreetti akka deebitu ajajani.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/66519